



OFFICE OF ARTS & CULTURE
CITY OF SEATTLE

Qajeelfama Aartii Dargaggootaa bara 2025

Odeeffannoo Deeggarsa Aartii Dargaggootaa

Deeggarsi Aartii Dargaggootaa kun sagantaa aartii waggaa 2 barattoota mana barumsaa giddu galeessaa fi sadarkaa lammaffaa Siyaatil keessa jiraniif carraa aartii fi aadaa caalaatti akka argatan maallaqaan gargaara. Sagantaawwan kunneen sa'aatii barnootaatin alatti kan raawwataman yoo ta'an, barsiisota oggummaa aartiistii qabaniin kan hoogganamanidha. Dargaggoonni sabaa fi hawaas-dinagdee adda addaa irraa dhufan aartii waliin akka walqunnaman carraa baldhaa uumuufii barbaanna.

Qorannoon akka agarsiisutti dargaggoonni hundi sababa sabummaa isaanii, galii isanii, afaan mana keessatti dubbatanii fi fedhii barnoota fedhii addaa irraa kan ka'e barnoota aartii wal fakkaatu kan hin arganne ta'uu argisiisa. Waajjirri Aartii fi Aadaa Siyaatil Sagantaa Dargaggoota Uumaa isaatiin walqixxummaaf cimsee hojjeta.

Yoo gaaffii qabaattan ykn wantoota akka iyyachuu, ulaagaa guutuu keessan ilaaluu yookin mirkaneeffachuu, ykn sirna toora interneetii fayyadamuu irratti gargaarsa yoo barbadan, Kristi Woo, Hogganaa Pirojektii kalaqaaa Misooma Dargaggoota, karaa kristi.woo@seattle.gov yookin 206-727-8671 qaqqabuu dandeessan.

Afaan Mallattoo Ameerikaa (karaa viidiyoo) dabalatee turjumaanota afaan keessaniin isinitti himuu danda'an qabna. Afaan akkamii akka dubbattan nuuf bilbiluun nutti himaa. Hanga hiikkaa deebii bilbila keessaniitiif turjumaana argannuttiyeroo gabaabaaf qilleensarratti nu eegaa.

Iyyata

Karaa marsariitii deeggarsa Magaalaa Siyaatil toora interneetii irratti iyyadhaa:

https://seattle.fluxx.io/user_sessions/new

Gaaffii yoo qabaattan ykn iyyachuuf gargaarsa yoo barbaaddan, maaloo bilbilaa ykn imeelii Manaajara Pirojektii keenyaa Kristi Woo karaa 206-727-8671 yookin kristi.woo@seattle.gov irratti bilbilaa.

Guyyaan xumuraa iyyannoo Kibxata, Bitootessa 4, bara 2025, sa'aatii 5 p.m irraatti ta'a. Yeroo Paasifikii.

Iyyannoowwan sa'aatii 5 p. m. yeroon erga xumurameen booda fudhatama hin argatu.

Ulaagaa guutuu/Ulaagaalee barbaachisan

- Pirojektoonni keessan Fulbaana 2025 – Hagayya 2027 gidduutti raawwatamuu qabu. (yeroo waggaa 2 giddutti)
- Iyyattoonni ulaagaa guutan aartistoota dhuunfaa, aartistoota barsiisotaa, dhaabbilee aartii fi aadaa, dhaabbilee tajaajila dargaggootaa, fi kolleejjiiwwaan ni dabalata.
- Sagantaan keessan barattoota mana barumsaa giddu galeessaa fi sadarkaa lammaffaatiif kan dhiyaachuu kan qabu fi daangaa magaalaa Siyaatil keessatti kan raawwatamu ta'uu qaba. Gaaffii yoo qabaattan hogganaa pirojektii keenyaa waliin haasa'aa.
- Teessoon argama keessanii daangaa magaalaa Siyaatil ala ta'uu danda'a.
- Artistoonni fi artistoonni barsiisotaa badhaastoonni qacaran hundi yoo xiqqaate **waggaa tokko (1) kanmuuxannoo** barattoota mana barumsaa giddu galeessaa fi sadarkaa lammaffaa fi pirojektoota aartii addaa wajjin hojjechuu qabaachuu qabu.
- Pirojeektoonni keessan dursa deeggarsa Aartii Dargaggootaa calaqqisiisuu fi akka armaan olitti ibsametti ummata dargaggootaa deggeruu qabu.

Maallaqa kennuu

- Yoo filatamtan walumaa galatti **\$12,000** deeggarsa maallaqaa sagantaalee waggaa lama (2) irratti raabsame keessatti: bara 2025-2026tti \$6,000 fi bara 2026-2027tti \$6,000 fudhattu/argattu.
- Maallaqa kan argattan erga sagantichi jalqabee booda qofadha. Gaaffii kaffaltii erga galchitanii booda guyyoota hojii 30 keessatti maallaqa ni argattu/fudhattu. Cheekiin kallattiin teessoo gaaffii kaffaltii irratti ibsametti ni ergama. (Teessoon kun teessoo W9 keessan irratti tarreeffame waliin walsimuu qaba.) Filannoon kallattiin maallaqa galchuu hin jiru.

Maallaqni kanneen armaan gadiitiif oolu danda'a:

- Kaffaltii artistii
- Gargaarsa dargaggootaa
- Baasii gabaa fi beeksisa
- Bulchiinsa pirojektii fi baasii hojjetootaa
- Dhiyeessii
- Bakka
- Kiraa meeshaalee
- Baasii sagantaa wajjin walqabatu
- Baasiin dabalataa osoo hogganaan pirojektii deggarsaa keenyaattin hin mirkanaa'iin **dura** eyyamamuu danada'a

Maallaqni kanneen armaan gadiitiif oolu hin danda'u:

- Sochiiwwan mana barumsaa keessaa
- Qaamonni pirojektii yaadame kamiyyuu kan osoo maallaqni hin kennamin dura xumuraman
- Bittaa meeshaalee ykn sooftiweerii

- Taateewwan ykn kennaawwan fiixee irra ga’an
- Taateewwan maallaqa walitti qabuu ykn tajaajila amantii

Yoo keennameef/gadlakkifameef, hogganaan pirojektii keenyaa itti fayyadamni maallaqa Magaalaa imaammata Magaalaa wajjin akka walsimu ni taasisa.

Workshopii Odeeffannoo

Kottaa waa’ee deeggarsa kanaa fi akkaataa iyyata keessan isa gaarii ta’e itti dhiheessitan caalaatti baradhaa.

Kutaa Odeeffannoo 1

Kamisa, Amajjii 30, 2025, sa’aatii 12 – 1 p. m.

[RSVP](#)

Kutaa Odeeffannoo 2

Kibxata, Guraandhala 4, 2025, sa’aatii 5 – 6 p. m.

[RSVP](#)

Wixinee Kutaa Gamaaggamaa/madaallii 1

Roobii, Guraandhala 12, sa’aatii 5 – 6 p.m.

[RSVP](#)

Wixinee Kutaa Gamaaggamaa/madaallii 2

Kibxata Guraandhala 18’ 12 – 1 p.m.

[RSVP](#)